**Maallaqa/Baajeta Waldaa**

Torbee 18 Baasiin Waldaa: 1. Tiksootaaf 2. Lallabdoota wangeelaa fi 3. Dubrtoota Abbaa waarraa hin qabneef (bakka barbaachise qofaatti, warra tajaajilaniif) Amantootni sirriitti duuka buutummaatti yoo guddatan, tajaajila waldaa keessatti ni hirmaatu. Waldaan waan ishii irraa eegamu sirriitti hin raawwanne maqaa Yesuus xureessiti. Qalbii jijjiirrattee hoggansa ishee sirreeffachuun rakkoo furuu qabdi. (1 Ximxewos 3 geggeessitootni maqaa gaariii qabaatu qabu) fi 2 Mootota 4:7 Fakkenya 3:9-10, 27-29, 1 Qorontos 9:1-27, 1 Ximxewos 5 ("Ulfina kennuufi" = gargaaruu) maallaqaan tiksoota gargaaruu, isaan immoo hojii tiksummaa hojjetu. (Yohannis 21), akkasumas guutummaa Kristositti akka guddataniif, Qolosaayis 1:28

**Obbolessa Cubbuutti Kufe**

Torbee 19 geggeessitootni waldaa cubbuu hambisuu irratti hin barsiisan taanan, cubbuu dagaagsaa jiru itti gaafatamus. Wanta geggeessitootni gochuu qaban TOORAAN BARREESSI. 1 Qorontos 5, yoo calliste, waldaan akka diigamtu dubbata. Maatewos 18, 1 Qorontos 4:14-5:13, 1 Ximxewos 5:19-25, Filemona (iddootti deebisuu)

**Biirolee Kakuu Haaraa**

Efesoon 4:11 -17 (Kutaa kana Dubbisi)

Ergamoota – Kallattiin Yesuusin kan waamaman, hojiin aangoo kan ittiin ta'uudha (Maatewos 10:1-10, 2 Qorontos 12:12) kutaa kana keessaa hojiindinqii akka ittiin ta'u ibsa

Raajota – Raajota kakuu moofaa fi kan Hojii ergamootaa keessatti argaman.

Hubadhu: Efeson 2:20 kallattiin yoo fudhanne, Ergamoonni fi Raajonni tokkuma. Isin hundee ergamootaa fi raajotaa irratti ijaaramtaniittu. Lallabdoonni, Barsiisonnii fi Tiksoonni HUNDEE sana irratti hojjetu!

Lallabdoota Wangeelaa – Warra dubbii fayyinaa Kristoos labsuuf waamaman.

Tiksoota akkasumas Barsiisota (kun jecha Grikii ti) – TIKSEEN hoolota kan tiksu, Kn nyaachisu jechuudha. Barsiisuudhaan hoolota sooru. Jechoota garaa garaan ibsamuu danda'a:

a. 1 Ximxewos 3:1-2 "Warra ilaaltuu" ykn "Ephisqophos" hojicha kan geggeessan jechuudha.

b. Titoos 1:5-9 Jaarsolii, warra buleeyyii waldicha geggeessan!

c. Hoj.Ergamotaa 20:17 Jaarsolii warra waldaa geggeessan (lak. 28 irra tiksoota)

Waldaa geggeessuuf kan kaa' aman:

1. JAARSOLII Waldaa kan geggeessan
2. Ilaaltuu - Ephisqophos - Buleeyyii keessaa filamu
3. TIKSOOTA ykn EEGDOTA

Hub: Kanneen olitti caqasaman GAREE namootaati malee NAM-TOKKEE miti. Isaan keessaa barumsa addaa kan fudhatu tiksee qofa. Kunis warra kaan akka sirriitti barsiisuuf. Geggeessitoota biroos waan barsiisuuf leenji'uu qaba.

Bartuu/Duuka buutuu – Barataadha

Deenis Dickinsonin 2016

whitestonemissions.com

# BARUMSA MACAAFA QULQULLUU DUUKA BUUTUMMAATTI NU GUDDISU

## KUTAA III

## GEGGEESSITOOTA WALDAA LEENJISUU

2 Ximxewos 3:16-17 macaafni qulqulluun hafuura Waaqayyoon kan barreeffame hojii gaarii hundumaaf kan nama qopheessuudha. Dubbiin Waaqayyoo birmaduu nama baasa (Yohaannis 8:32)

Barumsi kun geggeessummaati leenjisuuf tooraan kan qophaaweedha. This Study will follow the Bible's pattern in training you for Leadership. Hin dagatin amalli kee Waaqayyoon duratti ni ilaalama. Amalli gadheen Waaqayyotti hin tolle akka Yaaqoob 3-4 jira. "namni gaariin amala sirriin beekama"

**Seensa**

1. Geggeessitootni waldaa nama amala gaarii fi amanamoo ta'uu qabu. 1 Ximxewos 3, Titoo 1. Namooota buleeyyii waldichaan filamu malee ofiin of hin filan.
2. Geggeessaan waldaa sirriitti geggeessuu qaba malee akkasumaan taa'uu hin qabu. Yoo hin dandeenye bakkicha irraa ka'uu qaba. Bartootni gooftaa irraa barachuun, itti fufanii tajaajiluun, wangeela dhugaa ba'uun, dhuma irratti warra kaan geggeessuu jalqaban.
3. Geggeessaan dubbii Waaqayyoo bu'uura irraa sirriitti beekuu qaba. Yesuus bartooti jalqabaa kaasee hin barsiisne, duraanuu beeku turan. Barumsi kunis, namoota duraan dubbii Waaqayyoo beekaniif kennama. Geggeessan macaafa qulqulluu jalqabaa hanga xumuraatti dubbisuun fixuu qaba. Sagantaan barumsa duukabuutummaa kunis, akka toora dhiyaateetti geggeessaan utuu TAJAAJILUU ordofuun kan baratuudha.

Kutaan kun macaafa qulqulluu keessaa geggeessaa waldaaf kan qophaa'e of keessaa qaba. Eenyu illee dubbii kana itti dabaluu ykn jijjiiruu hin danda'u. (Galaatiyaa 1 fi Yihudaa!)

## GEGGEESSAAN MUUXANNOO TAJAAJILAA IRRAA BARATA!

Geggeessitootni leenjifaman warra taajilaa jiran ta'uu qabu. Yoo xiqqaate baatii lamaaf gara geggeessummaatti dhufuun, maree geggeessitootaa gidduutti argamuun warra muuxatan. Kunis amantotni namoota kana amala isaanii hodofuun yaada akka itti kennaniif gargaara. Wangeela keessaa namni harkaan filamee geggeessaa ta'e hin jiru. Xumura ji'a lamaatti in kuffisu ykn ni dabarsu. "warra qoramanii ilaalaman ta'uu qabu" 1 Xim 3.

<u>Kutaa 3 Barumsa Leenjii Geggeessitootaa</u>

Yoo xiqqaate torbee tokkoof guyya guyyaan kuticha dubbisi. Geggeessitoota irratti xiyyeeffadhu, maal akka isaan hojjetanii fi HIN hojjenne hordofi.

**Wangeela Yohaannis** wangeela kiristaanotaaf barreeffameedha. Gaaffiilee YOOMESSA kiristaanoti hundumtuu deebisuu qabu. Waan Yesuus hojjetu, waan caaffanni qulqullaa'aan hojjetu, waan amanaan hojjechuu qabu sirriitti ibsi. Qajeelfama ga'ee waliin adda baasi!

Torbee 1 — Yohaannis 1-6
Torbee 2 — Yohaannis 7-12
Torbee 3 — Yohannis 13-21

**Hoj.Ergamootaa** Bu'uura waldaa kiristaanaa fi Yihudoti amanan Yerusaalem irraa addunyaatti faca'uu isaanii ibsa.

Torbee 4 — Hoj Ergamota 1-6
Torbee 5 — Hoj Ergamota 7-11
Torbee 6 — Hoj Ergamota 12-16
Torbee 7 — Hoj Ergamota 17-22
Torbee 8 — Hoj Ergamota 23-28

**1 Ximxewos-** Caasaa Waldaa kristaanaa ibsa. Guutummaa ergaa boq. 3 ibsi. Hub: I Ximxewos 3:15 sirriitti ibsi

Torbeee 9 — 1 Ximxewos

**2 Ximxewos** waldaa duuka buutummaatti guddisuu ibsa. Eenyuun? Akkamiin?

Torbee 10 — 2 Ximxewos

**Tiitoo** waldaa dhaabuu. Akkamii?

Torbee 11 — Tiitoo

**1, 2 Qorontos** waldaa diigamte ijaaruu a = YAADA KRISTOOSITTI DEEBISUU!

Torbee 12 — 1 Qorontos 1-9
Torbee 13 — 1 Qorontos 10-16
Torbee 14 — 2 Qorontos 1-13

**Galaatiyaa** Wangeela deebisanii waldaa barsiisuu.

Torbee 15 — Galaatiyaa

**Kristaana/Lubbuu haaraa Barsiisuu**

Torbee 16 — 1, 2 Tasaloniiqee fi Filemon (Kadhachuufii)

**Waldaa Seerrachuu**

Torbee 17 — Yaaqoob